ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير أوروميا

Fuulbana 4, 2018

Tokkummaa ilaalchisee afaanfaajjii deemaa jiru sirreesuuf ibsa ABO irraa kenname

Ammaan kana yeroo abbootiin Gadaa, mangudooleen biyyaa, beektonnii fi dhaabotni siyaasaa hedduun nagaa fi tokkumman akka dhaabota siyaasaa Oromoo gidduutti dagaaguuf tattaafata jiranitti afaanfaajji fi olola dharaa Oromiyaa keessa facaasuun safuu dhabuuf itti gafatamummaan kan itti xiqqate dha jennee amanna.

Gama keenyaan dhimmi tokkummaa qabsa'ota Oromoo fi dhaaba ABO dhimma fardii hunda caalaa olaana ta'etti amanna. Hanga hara'atti tokkummaan ABO akka hin diigamneef yaalii ijibbachisaa fi wareegama lubbuu namaa dabalate itti kafallee jirra. Tattaafin waggoota 20 darbaniif taasifaman kan hin milkawin hafeef harki alagaa waan nu gidduu seeneef ture.

Amman kana carraa wareegama qaalii ilamaan Oromoo kafalaniin aragametti gargaaramuudhaan ABOn akka deebi'e tokkoomu Oromiyaa keessattii abbootiin Gadaa, mangudooleen biyyaa fi hayyootiin lafa argamanitti furmaata mayyii itti goona jenne waliin irratti hojjechaa jirra.

Yaali eebifama kanaaf hawwiin ummatni keenya agrisiisaa jiru kun akka maseenuuf jecha murni tokko tokkoo "nuti fixannee jirra" jedhani sobaa dhugaa irraa fagaate qaanii tokko male odeessaa jiran. Galiin yaalii kanaa ammo, yaaliin ummatni keenya garaa qulqulluun itti jiru kun akka hin miilkoofeneef ta'e jedhame shira xaxame ta'un beekamu qaba.

Tibbaa murteessaa ta'e keessa jirra. Kanaaf, kan barbaachisu dogoggora darbee irraa barnoota horachuudhaan tokkummaa waaraan dhaabota Oromoo gidduutti akka argamu taasisuu fi lamuu rakkoon akkanaa akka hin deebine seera tumuu ture male dhara facaasuun kan eegamu hin turre.

Dhaamsi nuti murnoota rakkoon turee osoo hin furamiin rakkoo biraatiif nu afeeraa jiraniif qabnus oloolli oofaa jiratan eenyunu hin fayyadutii yoo tokkummaf fedhii dhugaa qabaattan olola hin mallee oofu dhisaati waltajjii qophawa jiru irratti aadaa fi safuu Oromoo hordofuun akka nagaan ummata fi biyya keenya keessatti dagaaguuf deemu irratti hirmaachuuf obsaan qalbifadhaa jenna.

Maayyii irratti dhaamsi ummata keenyaaf qabnu yeroo gabaaba keessatti bakka waltajjii walaba ta'eef ummatni keenya qopheesuuf jiraatu iirrati aragamne furmata tokkumma ABO argamsiisu irratti qophi ga'a fi fedhii guutuu akka qabnu asuman waada seennu keenya ibsina.

Oromiyaan Ni Bilisoomti!

ABO - Qaama Cheumsaa